Australian Government
Department of Social Services

Miidhaa Gabbara Gaa'ilaa (Dowry Abuse)

Cunqursaa yookaan miidhaan gabbara gaa'ilaatiin walqabatuus bifa miidhaa mana keessaa fi maatiin raawwatamuuti.

Dhudhaan gabbara gaa'ilaas haaluma biyyaa fi aadaatiin garaa garummaa qabaata.

'Gabbara'n shaakala yeroo hedduu akka aadaatti wayita gaa'illi dhaabbatu haala maallaqa, qabeenya ykn kennaatiin warra intalaa irraa gara abbaa mana isheetti dabarfamuudha. Faayidaan gabbaa mataa isaatiin akkaataa miidhaa miiti.

Gochii dirquu, miidhaa ykn cunqursaa kennuu ykn fudhachuu gabbaraatiin walqabatee tibba gaa'ilaa, isaan dura ykn isaan booda raawwatamu kamiyyuu akkaataa miidhaati. Yeroo baay'ees miidhaan gabbaraa, kan komiiwwan gabbarri nuuf hin kanfalamnee jechuu fi dirqisiisuun dubartii fi firoota isheetii maallaqni ykn kennaan dabalataa akka kennamuuf barbaaduun kan walqabatuudha.

Miidhaan mana keessaa fi cunqursaan maatii seera biyya Awustiraaliyaa keessatti yakka. Namni yakkawwan kanneen hojjatees, dhiira ta'ee dubartii, hidhamuu danda'a.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti poliisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fi amanamoodha.

Gorsa iccitaawaa fi odeeffannoo bilisaatiif **1800 737 732** irratti 1800RESPECT tti bilbilaa.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

Mootummaan Awustraaliyaa (Australian Government) sababii kamiinu cunqursaa ykn miidhaa gabbara gaa'ilaan Walqabateef obsa hinqabu.

Mootummaan Awustiraaliyaa dhimma cunqursaa maatii, kanneen cunqursaa fi miidhaa gabbara gaa'ilaatiin walqabatan dabalatee dhimmicha akka waan cimaatti fudhata. Lammiin Awustiraaliyaa hundi garaa garummaa amantaa fi barmaatilee aadaa akkasumas ilaalchaa tokko malee sarbama mirgaa, sodaa ykn dirqama tokko malee jiraachuuf mirga qabu.

Cunqursaa fi midhaan gabbaraan walqabatanis, amala ykn gochaawwan kaayyoo sharika jireenyaa ykn doorsifni maatii sodaa isaaniitti uumuun ykn nageenya isaanii boorreessuun to'achuuf yaalu kan hammatuudha.

Viizaa yerootiin kan jiraatu yoo taatees gargaarsa argachuu dandeessa.

Shariikni jireenyaa, miseensonni maatii ykn namoonni hawaasa keessaa kan biraa haala viizaa keetiin si dorsiisuu hin danda'an.

Yoo ati Viizaa shariika jireenyaa kan yaroodhaa, viizaa (subclass 309 ykn 820) ykn viizaa fuudhaa fi heerumaa gara fuulduraa (subclass 300) kan qabduu fi kan cunqursaan gabbara gaa'ilaa kan si mudate ta'e, akka ati iyyata viizaa shariika jireenyaa kan dhaabbataa (subclass 100 or 801) keetiin turtuuf kan si gargaaran seerawwan baqattoota Awustiraaliyaa keessatti keewwatiiwwan waa'ee miidhaa maatii ilaalatan jiru.

Gabbarri gaa'iilaa nama tokko gaa'iilaaf dirquu hindanda'uu.

Gabbarri gaa'iilaa yoo fedhii fi heeyyama guutuu nama tokkootiin ta'e malee, gara gaa'ilaatti geessuuf kan itti fayadamamu ta'e, gaa'illi kunis tarii gaa'ila dirqiidhaan raawwatame ta'a.

Awustiraaliyaa keessatti namni hundinuu eenyuu fii yoom akka gaa'ila dhaabbatu filachuuf mirga bilisummaa qaba. Nama kamiyyuu akka gaa'ila keessa galuuf dirqisiisuun, doorsiisuun, ykn gowwoomsuun faallaa seera Awustiraaliyaati. Akkasumas kanneen gaa'ila dirqiidhaan raawwatamu jajjabeessuun ykn gargaaranii fii yoo kan miidhaan irra gahe isiin ta'uu baate malee, qaama gaa'ila dirqiin raawwatame ta'uun faallaa seeraati. Kunis gaa'ilawwan seeraa, kan aadaa fi kan karaa amantaatiin raawwataman hundaa ni ilaalata.

Tajaajilawwan aadaa xiyyeeffannaa keessa galchuun isin gargaaruu danda'an Awustiraaliyaa keessatti jiru.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fi miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fi gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fi onlaayiniitiin bilisa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** karaa **www.1800RESPECT.org.au daawwadhaa**.

Maayi Bilu Isakaay (My Blue Sky) marsariitii gargaarsaa biyyaaleessa Awustiraaliyaa kan gaa'ila dirqamaa dhoowuuf, tajaajila odeeffannoo isiin erguufi gorsa seeraa bilisaa kennuuf dhaabbate.

(02) 9514 8115 irratti bilbilaa, barreeffama gabaabaa **0481 070 844** irratti ergaa, I-meelii **help@mybluesky.org.au**, ykn marsariitii **My Blue Sky** irratti karaa **www.mybluesky.org.au** daawwadhaa.

Waa'ee miidhaa maatii fi viizaa, gaa'ila dirqiidhaan raawwatamuu fi dadabarsa namaa irratti odeeffannoo dabalataatiif marsariitii Qajeelcha Dhiimoota Biyya keessaa (**Department of Home Affairs) www.homeaffairs.gov.au** irratti ''gaa'ila dirqii' ("forced marriage") barbaadaa.

Nama Turjumaanaan si gargaaru barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS'n gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.